Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- saa'ii tokkoo hanga muddii shaniitiin dhiqu yookaan dhiqatu ture, akkasumas muddii tokkoon wuduu'a godhatu ture

Anas ibnu Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- saa'ii tokkoo hanga muddii shaniitiin dhiqu yookaan dhiqatu ture, akkasumas muddii tokkoon wuduu'a godhatu ture.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- saa'ii tokko irraa hanga muddii shaniitiin janaabaa irraa dhiqatu ture, akkasumas muddii tokkoon wuduu'a godhatu ture. saa'iin tokko, muddii afur ta'a, muddiin tokko: guutuu ganaa lameenii kan nama uumamni isa giddu galeessa ta'eeti.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/8387